# HAWAASTI OROMOO GOOTICHA OROMOO, INJ TASFAHUUN CAMADAA FI ILMAAN OROMOO WAYYAANEEN AJJEEFAMAN YAADATAN

**(Madda Oduu ABO/MOA/ Melbourne, Fulbaana 2, 2013)** Konyaan ABO Victoria gooticha Oromoo mana hidhaa Wayyaanee keessatti ajjeefame, Injinar Tasfaahuun Camadaa, ilaalchisuun sagantaa yaadannoo mata duree “Oromiyaaf Haa Dubbannu” jedhu jalatti qopheesse; hawaasa Oromoo magaalaa Melbourne  waliin marii gaggeeffate.



Sagantaa yaadannoo fi marii hawaasaa Fulbaana 1, 2013 waaree booda Galma Scientology magaalaa Melbourne keessatti gaggeeffame irratti gooticha Oromoo mana hidhaa wayyaanee keessatti ajjeefame, Inj.Tasfahuun Camadaa dabalatee, ilmaan Oromoo haala, yeroo fi bakkoota adda addaatti wareegaman yaadachiisuun ture.



Yaadannoo gaggeeffametti aansuun Ob. Bantii Oliiqaa Dura Taa’aan konyaa ABO kan VIC hirmaattota marichaa waamicha yeroo gabaabaa kana keessatti taasifame kabajanii miidhaan ummata keessanii isin quuqee asitti argamuu keessaniif hedduu galatoomaa erga jedhanii booda akeekni marichaa ibsaniiru.

Ob Bantiin akka ibsanitti akeekne sagantichaa ajjeefamuu goota Oromoo Injinar Tasfaahuun Camadaa, akkasumas Ummata Oromoo dhiyeenya kana Kofalee, Aniyyaa, Boorana, Karrayyuu, Walloo, Wallaga bahaa fi dhiyaatti, walumaagalatti guutuu Oromiyaa keessatti gahaa jiru balaaleffachuu dha.

“Kanuma waliin miidhaa, dararaa fi roorroo ummata keenya biyya keessaa fi kanneen  baqatanii biyyoota ollaatti bahan irra gahaa jiru attamiin akka falmachuu qabnu, nuti warri biyya nagaa fi bilisa keessa jirru maal gochuu dandeenya? Attamii fi yoom??  kan jedhu irratti marii gaggeeffannee sagnataa hojii fuula duraa waliin akeekkachuuf,” jedhaniiru.



Miidhaa fi roorroo ummata Oromoo irra gahaa jiru ilaalchisuun kanneen raga bahan keessaa mana hidhaa Wayyaanee keessa Injinar Tasfaahun Camadaa waliin turtee dhiyeenya kana kan baate, Addee Lalisoo Wadaajoo akka ibsitetti roorro fi dararaa Ummata Oromoo irra gahaa jiru hedduu ulfaataa fi hamaa dha. “Miidhaa gahaa jiru jechootan ittiin ibsu hin qabu, hedduu hamaa fi sukkaneessaa dha,” kan jette Ad Laliseen, “haata’uutii hidhamtooti Oromoo hundi isaanii jajjaboo, abjuu boru wareegama ilmaan Oromoon ni bilisoomna jedhu abjootu malee hidhamtoota laafanii haamlee wal laaffisan argee hin beeku,” jechuun jabina hidhaa fi dararaa keessatti illee qaban addeessitee jirti.



“Addatti ammoo Tasfaahuun Camaadaa nama hunda keenya jajjabeessu, haamlee keenya haaromsu,“ Jabaadhaa! Kanas Irraa aanna, ni moonaa!” jedhee carraa nu arge hundatti nu jajjabeessuu, haamlee keenya eeguuf jedhee  miidhaa fi dararaa isarra gahaa ture takkaa nama hin dubbanne, garuu ammoo amma mana murtii waliin nu geessaa turanitti dararaa irraa gahaa tureen miidhamni guddaan qaama isaa irraa akka mul’achaa ture, qobaatti baasanii kutaa dukkanaatti waan galchaniif galmee himannaa keenyaa Tasfaahun Camadaa waamamu illee nu waliin mana murtii akka hin dhaqne waan godhaniif haaromsa qalbiin keenya isa irraa argataa turre otoo dheebonnuu ani hiikamee ijoollee fi maatii koo dheebodhetti yommuun dabalamu gootichi Oromoo Iinjinar Tasfaahuun du’uu isaa yommuun dhagahu gadda guddaatu natti dhagahame jechuun raga baatee jirti.

“Gumaa gootota keenyaa kan baafnu, abdii fi hawwii wareegamtootaa fi hidhamtoota keenyaa kudhaammannee harka wal qabannee tokko ta’uun sirna wayyaanee cabsinee bilisummaa keenya yoo dhugoomse qofa,” kan jette Ad Laliseen, “sabni keenya maal gochuu akka qabuu fi danda’u waliin maryatee umurii sirna garboomsaa waan gabaabsu irratti bobba’uu qaba,” jechuun dhaamtee jirti.



Biyya Sudaan baqattummaan otuu jiraatuu ukkaamsamee mootummaa Wayyaaneetti dabarfamee kannamuun mana hidhaa maa’ikalaawwi keessatti dararamaa kan ture Ob. Fayisal Mahaammad gama isaatiin raga

bahummaa kenne keessatti  hidhaa fi hiraarsaan ulfaataan biyya keessaa fi biyya ollaa keessatti gahaa akka jiru mirkaneesse.

“Biyyuma Sudaan keessatti ji’a afuriif erga nu hidhanii booda harka, miilla fi ija keenya nu hidhanii karaa Matammaa Mootummaa Itoophiyaatti nu darbatame ; sana boodan Tasfaahun Camadaa fa’aa Maa’ikalaawiitti arge,” kan jedhe Ob Fayisal, “dararaan mana hidhaatti ilmaan Oromoo irra gahu yaadachuunuu mata isaatiinuu waan nama dhukkubsuuf jechaan ibsuun natti ulfaata,,” jedhee jira.



“Haa ta’u malee hidhamtoonni Oromoo akkuma Obboleettiin koo Laliseen jettee takkaa hamlee kutatanii hin beekan,” kan jedhe Ob Fayisal, yeroo mana hidhaa san keessaa bilisaan isa gadhiisan dhaamsa Tasfaahuun isatti hime deebisee ummataaf ibsee jira.

***“Warri har’a shororkeessitoota jedhanii hidhanii nu dararaa jiran kaleessa “Wanbadee” jedhamanii waamamaa akka turan haa yaadannu, Barri ni dabartii, Haqaa fi mirga keenya falmachuu irratti haa Jabaannu!”*** akka jedhe kan hime Ob Fayisal, gumaa gootowwan keenyaa baasuuf dhaamsa nuuf dhaamanii darban qalbeeffannee Wayyaanee qawween malee aangoo gadhiisuuf hin jirreef garaa laafuu dhiifnee tokkummaan dhaaba qabnu ABO fi WBO  haa jabeeffannu jechuun dhaamaniiru.



Qindeessaa Gurmuu Tumsa Oromoo kan Australia Ob. Maaramaa Quufii:  marii kana irratti dhiittaa mirga dhala namaa Ummata Oromoo irra gahaa turee fi jiru addunyaan akka beekee ummata Oromoof gurra kennu hojiilee jajjabduu hojjachaa akka jiru ibsan.

Ibsootaa fi odeeffannooleen OSGAn mootummoota Addunyaa fi “NGO” mootummaa Itophiyaa irratti dhiibbaa gochuu danda’an maraaf dabarsaa turee jiru hedduu ta’an illee har’a hunda kan caalu ragaa ijaa Addee Lalisee fi ob. Fayisal nuuf ibsan arganneerra. Miidhaa fi dararaa, roorroo fi Cunqursaa Ummata Oromoo irra gahaa turee fi jiru ibsuuf ragaan kana caala barbaadamu hin jiru.

Cunqursaa, gabrummaa, dararaa fi rorroo ummata Oromoo irra gahaa jiru, hunduu miidhaadha. Akka sabaatti yoo ilaallu kan hunda caala nu dhukkubsu alagaan qee keenya irratti nutty

roorrisuudha. Roorro kana hambisuuf Sabummaa keenya haa jabeeffannu, Oromummaa keenya ijaaruu irratti haa jabaannu! jechuun dhaamaniiru.



ABO bakka bu’uun marii kana irratti argamuun miidhaa fi dararaa, ajjeechaa fi roorroo Ummata Oromoo irra gahaa jiru kana qolachuuf hojiilee jajjaboo ABO hojjataa turee fi jiru kan ibsan MGS ABO fi gaafatamaan BBOA Ob. Gaashuu Lammeessaa turan.

Ibsa isaanii kana keessatti diddaa Ummatni Oromoo Habashoota irratti bara Minilikii kaasee agarsiisaa ture; Diddaa gaggeeffamaa turee fi jiru kana keessatti wareegamni gootowwanii fi hayyoota Oromoo hedduu akka ta’e yaadachiisan. Ficiloota Ummanno Oromoo bifa fi haala adda addaatiin gaggeessaa ture qindeessee Jaarmayaa Siyaasaa ititaatti kan jijjiire ABO, guyyaa hundeeffame irraa kaasee qabsoo hidhannoo, siyaasaa fi kan dipilomaasii qindeessee wareegama gurgurdaan injifannoolee cucculuuqoof duubatti deebi’uu hin dandeenye galmeesseera.



Qabsoon keenya jabaataa deemuu irraa diinni keenya Wayyaaneen yaaddoo guddaa waan qabduuf Ummata Oromoo Abdii kutachiisuuf miidhaan geessisaa jirtuus hedduu jabaachaa akka jirus ABO raga qabu irraa sirriitti hubata.

Akkuma fakkeenyaatti Wagguma tokkicha kana keessatti ABOtti hidhata qabdu sababa jedhu itti moggaafamee barattoonni Oromoo hidhaman kan galmeen dhaabaa beeku 497, Barsiiftonni 362, Qonnaan Bultoonni, hojjsttoonni, kanneen jiruu dhuunfaan jiraatan 1,757 akka ta’an ibsuun, lakkoofsi kun kan caasaan dhaabaa quba qabaatee gabaasee fi dhaabni ibsa itti baase qofa akka ta’e, baadiyyaalee Oromiyaa keessatti ajjeechaa, reebichaa fi hidhaa Ummata oromoo irra gahu ammoo lakkoofne akka bira gahuu hin dandeenye, kanneen hojii irraa har’aman, baruumsa irraa ari’amanis baayyina isaanii irraa as irratti akka hi ibsamne addeessan.



Kanuma waliin jedhan Ob. Gaashuun hordoftoonni Amantii Musiliimaa guyyaa guyyaan FF keessatti mirgi amantii isaanii akka kabajamuuf hiriira bahanii gaafachaa jiru, hoggantoota isaanii malee kan hidhame hin jiru,

Habashoonni guutuu biyyaatti hiriira Mormii gaggeessaa jiru, kan isaan hidhu hin jiru.

Isilaamoonni Oromoo Asaasaa irratti, Kofalee irratti Wallo irratti, Anfilloo irratti hiriira bahu jedhamee waan yaadame qofaaf maaliif rasaasaan simataman? Yakki Ummata Oromoo Aniyyaa irra gahe, kan Karrayyuu irra gahe, kan Boorana irra gahe lakkofnee kan keessaa baanu hin ta’u.



ABO miidhaa fi dararaa kana hunda hambisuun kan danda’amu hojii fi qabsoodhaan jedhee qabsoo hidhannoo, siyaasaa fi kan dipilomaasii qindeessuun yeroo kamuu caala jabaatee hojjataa jira. Miidhaa Ummata keenya irra gahaa jiru raga guutuu waliin ibsoota adda akka dhaabaatti bahutti qabsiisee addunyaa fi Ummata Oromoo beeksisaa jira. Kun qofti gahaa miti. Mirtiin isaa Ummata Oromoo harka jira. Gabrummaa baadhee bara baraan hidhii xuuxuu ykn Sirna Wayyaanee hundeen buqqisuuf hojii ABO hojjataa jiru tumsee himneessuun galii QBO dhiyeessuu keessaa qooda fudhachuu fi dhiisuu kan jedhu murteeffachuun, kan Ummata Oromooti. Ummatni Oromoo of gaafachuu qaba jedhaniiru.



Marii kana irratti walaloon Qaallitti dubbadhu jedhu miidhaa fi dararaa akkasumas ajjeechaa mana hidhaa Qaallittii keessatti gaggeeffamaa turee fi jiru qalbeeffachiisu dargaggoo Aluulaa Moosisaan dhiyaate qalbii hawaasaa kan harkise ture.

Hirmaattota irraas yaadonni bilchaataa fi ijaaraan dhiyaatan ABO dhugumatti qabsootti akka jiru nu caala diinni raga bahaa jira. Qabsicha keessaa ala of baafnee usussuu dhiifnee ABO jabeessuu qabna. Hojiileen akka hawaasaatti hojjannu amma Jaarmayaa siyaasaa jabaa hin qabaannetti bilisummaan hawwinuun nu hin gahu.

Kanaaf dhaaba qabnu ABO, Waraana guddaa qabnu WBO jabeessuuf haa murteeffannu;



Hidhannoon keenya guddaan tokkummaa keenya. Hidhannoo keenya kana jabeeffachuun qaawwa diinni ittiin nu seenu hunda cufachuu qabna. Ijaaramuu, Oromummaan wal jaalachuu, wal

guddisuu, wal jala deemuu, wal amantaa keenya haa gabbifannu,

Sagalee Ummata keenyaa haa dhageessifnu, sagalee Ummataa fi qabsoo keenyaa ol kaasuuf hawaasa Oromoo addunyaa guutuu keessa faffacaanee jiraannu qindoomina akka qabaannuuf akka irratti hojjatamu;




“Media” jabaa kan Oromoo fi Oromummaa irratti hojjatu haa horannu, hogeeyyonni hojii kana qindeessuu irratti, hawaasni Oromoo bal’aan ammoo waan danda’u gumaachuuf akka of qopheessinu

Kana booda laafina keenya irratti dhiifnee jabina keenya irratti akka xiyyeeffannu! Fi kkf dhimmoota jajjaboo QBO humneessan dhiyeessuun qaamota dhimmi ilaalutti akeekuun haamlee fi fuula xiiqii gumaa gootowwan keenyaa baasuuf gahee koo nan bahadha jedhu agarsiisuun milkiin goolabameera.